# ADDA BILISUMMAA OROMOO

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 13-02 - 2012 تاريخ
Date:

Lakk.: 003/stm-abo/2012 رقم
No.:

**Warraaqsi Oromiyaa Keessatti Dhoowe Hanga Hidda Sirna Wayyaanee Ciree Dhabamsiisutti Jabaatee Itti Fufa**

**Ibsa Adda Bilisummaa Oromoo**

Sochiin Dargaggoota Biyyoolessaa Bilisummaa fi Demokraasii (Qeerroo) fi Korri Qindeessaa Warraaqsa Ummata Oromoo (KQWUO) baatii Amajjii dabre kana keessa warraaqsa farra sirna Wayyaanee labsuun isaanii ni beekama. Labsa kanatti fufee sochiin Qeerroo fi ummata Oromoo Oromiyaa bakkoota adda addaatti finiinee sadarkaa ol'aanaatti cehaa jira. Gaaffii mirgaa ummata Oromoo karaa nagaan dhiheessuuf hiriira bahuu dabalatee fincilli eegalame jabaatee itti fufeera. Mootummaan Wayyaanee gaaffii ummanni Oromoo karaa nagaan dhiheeffachaa jiru kanaaf deebii karaa nagaa kennuu mannaa, akkuma barsiifate humna poolisaa fi waraana isaa itti bobbaasee ukkaamsaa jira. Gaaffii karaa nagaa kanaaf deebiin mootummaa irraa kennamaa jiru hidhaa, reebicha, ukkaamsaa, barnootaa fi dalagaa irraa ari'amuu fa'a dha.

Haaluma ukkaamsaa fi doorsisaa kana keessattuu taanaan warraaqsi ilmaan Oromoo jalqaban babal'achaa deemaa jira malee of duuba hin deebine. Gabaasaaleen Oromiyaa bakkoota adda addaa irraa bahan akka mul'isanitti warraaqsi Qeerroo Oromootiin eegalame hundee bal'ifachuudhaan boqonnaa haaraatti seenaa jira. Keessumattuu dhaabbiilee barnootaa biyyattii keessatti diddaan barattootaan mul'ifamaa jiru kan salphaatti ukkaamfamu hin taane. Fakkeenya tokko tokko maqaa dhawuuf, Yuniversiitiilee Jimmaa fi Adaamaa keessatti mormiin barattootaa jabaachuu isaa irraa mootummaan Wayyaanee humna poolisaa ergee mooraalee lamaanuu marsisiisee eegsisuuf dirqamee jira. Yuniversiitii Jimmaa keessatti diddaan barattootaa daranuu jabaatee lukkeelee sirnichaa gara adabuutti fa'a tarkaanfateera. Yuniversiitii Haramaayaa keessattis diddaa wal fakkaataa tu deemaa jira. Sochiin yuniversiitiilee biroo keessatti tahaa jirus bifuma kanaan wal qabatee hundee warraaqsichaa babal'isuu irratti argama.

Shawaa Dhihaatti barsiisonni Mana Barnoota Kaachisii warraaqsa Qeerroon Oromoo qabsiisetti dabalamuudhaan mormii isaanii eegalaniiru. Maqaa hidha laga Abbayyaatiin mindaan nurraa citu haa dhaabbatu, kan hanga ammaatti nurraa murames haa deebi'u jechuun gaaffii kaasaniiru. Hanga gaaffiin kun deebii sirnaa argatutti hojii baruu fi barsiisuu irratti hin hirmaannu jechuun sochii warraaqsaatti dabalamaniiru. Barattoonni mana barnoota kanaas gaaffiin barsiisota keenyaa gaaffiidhuma keenya jechuun tumsa isaanii agarsiisaa jiru. Qeerroon naannoo kanaas gibirri fi buusiin seeraa alaan qotattootaa fi daldaltoota irraa guuramu haa dhaabbatu jechuun walgahii Biiroon Barnoota Oromiyaa waame fashalsuun hubatameera. Oromiyaa Bahaa magaalaa Ciroottis diddaan barattoota Oromoo dabballoota sirna Wayyaanee qabee raasaa jira. Arsii Negellee fi onoota hedduu Horroo Guduruu keessaa dabballootaa fi aangawoota mootummaa naannoo sanaa gibira adda adda fi buusiilee humnaa olii isaan ajajan mormuun of irraa isaan arihaa jiran. Barattoonni Oromoo bakka adda addaatti duraan gowwoomfamanii miseensummaa OPDO fudhachiifamanii turan maqaa isaanii galmee diinaa irraa haquudhaan warraaqsa geggeeffamaa jirutti dabalamuunis mootummaa Wayyaanee irratti yaaddoo ulfaataa uumee jira.

P.O.Box 6973 Asmara, Eritrea Tel 2911 153848 Email: abamilki@gemel.com.er, *www.oromoliberationfront.org*

Warraaqsa deemaa jiru kanaan wal qabatee Giddu Galeessa Oromiyaatti karaan Gincii fi Gindabarat wal qunnamsiisu mormii ummataatiin cufameera. Karaan kun tajaajila ummata naannochaaf kennu caalaa sochii saamicha sirna Wayyaanee fi abbootii qabeenyaa isaa arifachiisuuf oolaa akka jiru tu hubatame. Humni poolisa Wayyaanee karaa dhagaa fi mukaan cufame kana deebisee banuuf ijibbaata seenee argama. Diddaan ummataa kan amma sadarkaa karaa cufuutti seene kun tarkaanfiilee irra jaboo birootti yoo cehu mul'ataa jira. Godinaa Iluu Abbaa Booraa ona Baddallee keessatti ganda Alabaash jedhamu keessatti kan argamu oyruun shankooraa hektaara 15,000 tahu gubamee barbadaawuun isaa kanaaf ragaa tahuu danda'a. Lafti omisha shankooraaf jedhamee inverstera biyya alaa Lammii Paakistaan Abdulmajid jedhamuuf kenname kun lammiilee Oromoo lafa kana qotatanii bulan kan lakkoofsaan 1,200 tahan humnaan irraa buqqisuun kan fudhatame akka tahe ragaaleen ni mul'isu. Warshaa Shukkaaraa "AL-Abash"f Shonkoraa dhiheessuuf kan ummata irraa arihame kun mootummaa waliin "*Joint Venture*" seenamee kan qotamaa ture dha.

Ummnni humnaan lafa isaa irraa buqqifame kun qaama bulchiinsa mootummaatti irra deddeebi'ee iyyatu illee deebiin kennameef, 'yoo barbaaddan investera laficha fudhatu hojii humnaatiin tajaajilaatii jiraadhaa malee lafa kanatti deebi'uu hin dandeessani' kan jedhu ture. Oromiyaa bakkoota adda addaatti tarkaanfiin hammeenyaa mootummaan ummata irratti fudhachaa jiru lakkaawamee kan dhumu miti. Ummanni lafa isaa irraa humnaan buqqifamaa jiru gaafa qaama itti iyyatu irraa deebii sirnaa dhabe tarkaanfii mataa isaa fudhachuutti seenuun waan hin oolle. Barbadaawinsa qabeenyaa fi balaa lubbuu namaa irra gahuu malu kamiifuu ammoo kan itti gaafatamu mootummaa Wayyaanee kan gaaffii ummataatiif gurra dhabe taha.

Haaluma wal fakkaatuun namni lammii Chaaynaa Lee King Shang jedhamu kan mootummaa Wayyaaneetti hidhatee ummata cunqursuu irratti bobba'e tokko Shawaa Dhihaa ona Ada'aa Bargaa magaalaa Reenjii jedhamtu keessatti Gurraandhala 7, 2012 haluma warraaqsaa kana keessatti ajjeefamuun gabaafameera. Lammiin Chaaynaa Warshaa Simiintoo Dangattee jedhamu keessaa hirmaata (share) ol'aanaa qabu kun ajjeefamuun kan dhagahame ummnni abbaa lafa warshaa sanii tahe eega humnaan lafa isaa irraa buqqifamee booda. Lammiin Chaaynaa tarkaanfiin kun irratti fudhatame sirna Wayyaanee waliin dhaabbatee ummata abbaa lafichaaf tuffii kan agarsiise oggaa tahu, kunis namoota baay'ee akka aarse ragaaleen mul'isaa jiru. Ummanni qehee isaa irraa humnaan buqqifame beenyaan maluuf akka kafalamuuf irra deddeebi'ee yoo iyyatellee gurra isa dhagahu dhabuu isaatti fufee tarkaanfiin kun fudhatamuun, obsi ummatni Oromoo sirna Wayyaaneef qabu dhumachaa deemaa jiraachuu agarsiisa. Haalli kun osoo hin dhalatne ABOn kanaan dura kanneen qabeenyaa isaanii bifa dogoggoraan invest godhan akka irraa dhaabbatan gorsuu fi akeekkachiisuun ni yaadatama. Gorsaa fi akeekkachiisa ABOf gurra kennuu diduu isaaniitiin balaa kanaaf akka saxliman hubachuun nama hin rakkisu. Fuula durattis haalli fakkaataan bal'inaan akka itti fufu gaaffiin hin jiru.

Har'a Oromiyaa keessatti lammiileen biyya abbaa isaanii irratti dhiibaman qaama itti iyyatan dhabuu irraa imimmaan fixatanii dhiiga booyaa jiru. Kanaafuu tarkaanfiin akka amma dhagahamaa jiruu kun bakkoota biroottis yoo bal'inaan mumul'ate kan nama raaju hin tahu. Yeroo ammaantanaa lafa qofa osoo hin taane bosonni Oromiyaas bal'inaan barbadeeffamaa jira. Akka fakkeenyaatti bosonni Cillimoo kan godinaa Shawaa Dhihaa keessatti argamu ciramee bakka hin beekamnetti guuramaa jira. Bosonni midhaginaa fi kunuunsa naannoo

umamaaf qooda guddaa gumaachuun beekamu kun ciramee qullaatti bahuun egeree Oromiyaaf yaaddessaa dha. Ilmaan Oromoo balaa sababa kanaan as deemu dursanii hubatan yaaddoo isaanii qaama mootummaatti irra deddeebi'anii dhiheeffatan illee deebii malu dhabani. Iyyata ummataa karaa nagaan dhagahuuf kan gurra dhabe sirni Wayyaanee tarkaanfiileen akka olitti eeramanii yoo fudhataman baaraguun homaa gatii hin qabaatu. Lammiilee nagaa guuree hidhuu fi doorsisuunis furmaata hin tahu. Kan furmaata tahu osoo haalichi sadarkaa yaaddessaa kana irra hin gahin gaaffii karaa nagaan isatti dhihaataa jiruuf deebii karaa nagaa kennuuf of qopheessuu dha.

Addi Bilisummaa Oromoo gaaffii karaa nagaan ummanni Oromoo ilmaan isaatiin hogganamee sirna Wayyaanee irratti dhiheessaa jiru akka deeggaru irra deebi'ee mirkaneessa. Gaaffii karaa nagaa kanaaf deebiin karaa nagaa akka argamus hawwii isaa ti. Haa tahu malee sirni Wayyaanee akkuma barsiifate gaaffii karaa nagaan itti dhihaataa jiru kanaaf deebii humnaatti dhimma bahuu filate. Ummanni Oromoo tarkaanfii humnaa mootummaa abbaa irree kanaan gonkumaa osoo hin jilbeenfanne warraaqsa mirga isaa deeffachuuf karaa nagaan jalqabe daranuu akka finiinsu Addi Bilisummaa Oromoo dhaamsa gama isaa dabarsa. Akkuma abbootii irree kamiittuu sirni Wayyaanees warraaqsa ummataa kana gara dabarsee sochii humnaa fakkeessee rukutuuf shira shiruu irraa akka duubatti hin jenne beekamaa dha. Ummanni Oromoos shira diinni shiru akkasii dursee itti dammaquudhaan diddaa isaa bifa qindaawaa fi qaroomaa taheen finiinsee Wayyaaneetti karaa hundaa dhiphisuu tu irraa eegama. Qabsoon ummata cunqurfamaa maayyii irratti akka injifatu shakkiin hin jiru. Warraaqsi ummata Oromoos hanga hidda sirna Wayyaanee ciree dhabamsiisutti jabaatee itti fufa!

**Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!**

**Injifannoo Ummata Oromoof!**

**Adda Bilisummaa Oromoo**

**Guraandhala 13, 2012**